Amantiidhaan Guddachuu

Tajaajila Kristiyaanaa LHM- Itoophiyaa

Kutaa 3ffaa
Barumsa 5ffaa

Hojii Gaarii

Yaada namummaa moofaa isa dur durii itti jiraachaa turtan ... Efe 4:22-24

1. **Namni fayyina argate amantinsaa jireenya isaa irraa ni mul'ataa?**

   Eeyye- Namni (amanaan) gooftaa Iyesus Kristoosin jiraatu tokko kan inni jiraachu fedhu kristoosiif waan ta'eef jirreenyi isaa kan geedarameedha. Hafuurri qulqulluun isa keessa buufatee ifa namootatti mulatuun waan isa guutuuf amantiifi jireenya ulfina Waaqayyoof ta'u jiraata. Qalaasiyas 1:9:10

   Dabalataan: - Rooma 6:4, 13:13-14, Gal. 5:24, Pheexi 1ffaa 1:15, Yoh. 1ffaa 2:6

2. **Jireenya qulqulla'aa jirachuudhaaf humna eessaa arganna?**

   Haafuura qulqulluun waaqayyo biraa nuuf ergamu jireenya qulqulla'aa akka jiraanu nu gargaara garuu, "Hafuuraan geggeeffamaa jiraadhaa malee, fedha fooni hin raawwatina." Gal. 5:16

   Dabalataan: - Efe. 2:10, Qor. 2ffaa 5:17-18, Gal. 5:16 Ef. 4:24, Tasaloonqqee 5:23-24

3. **Akka jireenya gaarii jiraannuuf hafuurri qulqulluun karaa kamiin nu gargaara?**

   Macaafa qulqulluu yemmuu dubbifannu isa Waaqayyoo nuuf kenne kennaa tolaafi jaalalasa yaadachuudhaan karaa cubbuu dliifnnee akka fedha Waaqayyootti akka jiraannu nu qopheessa. Kunis karaa sagalee Waaqayyooti.
   Dubbiin kee miilla kootiif ibsaa dha, daandii ko irrattis ni ifa Faar. 119:105

Dabalataan: - Faar. 19:8 (119) 130 Faak. 6:23 Pheex 2ffaa 1:19

4. **Iyesuusin amanee isa duuka bu'uu eegan jalqabee jireenya ko isa duraa keessatti cubbuun hojjetaa turee akkan deebi'ee raawwadhu hin qoramuu?**

   Lakkii ni qoramta. Sababiinsaa namni eega amanee booda ayyaana Waaqayyoorra dhiibamee akka kufu seexanni yaalii wal irraa hincinne taasiaa. Amalli foonii fi jireenya cubbuu inni duraan ture sun dhiibee ba'uu ni barbaada yoo ta'e iyyuu yaada fooni fi cubbuu mormuudhaan humna Waaqayyootiin mo'uu ni dandeenya. Rooma 7:24-26

   Dabalataa: - Rooma 7:18-19, Rooma 7:23-25 Gal 5:17, Qor. 1ffaa 6:12

5. **Hojiin gaariin maali?**

   Hojii gaariin warri Iyesus kristoosiin amanan, dubbii isaani yaada isaani, hojii isaan akka amanaatti raawwataniidha malee maqaa gaarii argachuuf jecha kan raawwannu waanti bu'aa hin qabnne hundinuu waaqayyo duratti gatii hin qabu. Waaqayyo hojii gaariiti kan nuuf lakkaa'u namoota gara gooftaatti akka dhufaan yoo gargaarre, dadhaboota hirkisuudhaan hojii ulfina Waaqayyoof ta'u yoo hojjenne qofaa dha.

   Egaa si'achi kristos isa ana keessaatu jiraata malee anatu jiraata miti. Ga. 2:20
   Dabalataan: - Gal- 5:6 Ibroota 11:4-39 Yoh. 1ffaa 5:4-5

6. **Iyesus Kristoositti amanuudhaan malee waan gaarii hojjechudhaan fayyinni akka hin argamnne nanbeeka.**

   Hojii gaarii hojjechuun maaliif barbaachiseree?
   Hima sirriidha. Fayyinni kan argamu Iyesus kristoositti amanudhaan malee karaa biraa mitti gochaa Waaqayyoo nuuf godhe araarasafi jaalalasaa yemmuu hubaannu immoo jireenya gaarii jiraachuudhaaf fedhii horanna.

   Dabalataan: - Gal. 5:6 Ibroota, 11:4-39, Yoh. 1ffaa 5:4-5 ... ani immoo amantii qabaachuu koo hojii koo isa gaariidhaan sin agarsiisa. Yaaqoob. 2:18

7. **Qulqullummaa guutuu ta'e namni jiraachuu danda'u jira laata?**

Dhalootaan cubbamoota waan taaneef eenyumtillee qulqulummaa mudaa hin qabnnee jiraachuu hin dandau, Garuu Waaqayyoon akka gammachiifnnu cubbuu fi qoromsa mormuudhaan jireenya Waaqayyootti tolu jiraachuu qabnna.
.... Waan tokko nan godha, wanta na booddeetti hafe yaaduu dhisee ... Filphiisiiyus 3:1:2-13

Dabalataan: - Makibib 7:20 ,Yaaqoob 3:2, Yoh. 1ffaa 1:8-10, M. Yoh. 3:2

8. Warri hojii gaarii hojjechuufi jireenya sirrii jiraachuudhaaf waamaman garuu kristiyaanota kan hin ta'iin maal ta'u?

Namoonni kristiyaanota utuu hin ta'iin hojii namummaafi gochaawwan gara laafummaa hojjetan jiru. Haata'u malee hojiin namummaafi gara laafinaa isaan hojjetan amantii Iyesus kristoosirratti hundaa'een waan geggeeffamaa hin turreef hafuura kan qaban miti.

Dabalataan: - Maatewos 15:9 Maarqoos 7:7 Yoh 16:2
H. ergamootaa 26:9-18
... Umama isaanitiin waan seerichi isaanirra barbaadu yeroo hojjetan.... Rooma 2:14-15

9. Umama keenya isa gara booddetti nu harkisufi akka isa irraa fagaannu isa nu godhu sana, waaqayyo maal akka goonu barbaada?

Umama keenya isa cubbamaa dammaqanne akka eegnnu waaqayyo nuyi irraa barbaada, fakkatiisaatiin waan nu umeef hojii gaariifi, jireenya qulqullaadhaan akka isa tajaajillu fedha.
... araara Waaqayyoof jedhaati namummaa keessan qulqullaa'aadhafi waaqayyo duratti fudhatamaa ... Rooma 12:1

Dabalataan: - Qor. 2ffaa 8:7 Qor. 2ffaa 9:8 xim. 2ffaa 2:21

10. Gooftaa amanee namni fayye hojii gaarii hojjeteef gatii ni argataa?

Hojii keenyaan (Seera eeguudhaan) akka hin fayyine beeknna fayyisaan Waaqayyoo qofaadha. Garuu inni amaneefi hojii gaarrii ta'e hojjetu. Hojicha isa gaarii hojjeteef gatii akka argatu macaafni qulqulluun ni dubbata. Lafa kana irratti eebba hafuuraa irraa hafaa ta'e ni qabaanna, kanarra kan caalu immoo gatiin keenyaa isa waaqarrati. Maate. 5:12

Dabalataan: - Luq. 6:22-23, 6:35 Qor. 1ffaa 15:58 Ibroota 6:10

11. Gatiin hojii gaarii inni guddaan maali?

Fayyinaaf yoo ta'uu baatelle gatii qaba.
Innisi,

A. Hojii gaarii amantiidhaan raawwannu waaqayyo duratti ulfina qaba.
B. Hojii gaariin waaqayyo duratti surraa fi ulfina nuuf argamsiisa.
C. Hojii gaariin waaqayyo duratti gatii fi baadhaasa nuuf argamsiisa. Efe. 2:10

Dabalataan: - Faar. 37:3-6 maatewos. 5:16 Qol. 1:10 Xim. 1ffaa 6:18

Xumura Kutaa 3 ffaa Barumsa 5 ffaa

Gaaffiiwwan kana afaaniin deebisuuf yaali, yoo sirakkise barumsicha keessa deebii ilaali.

Deebiicha yemmuu ati nuuf ergitu nuyis qabxii kee barumsa itti'aanu duukaa siif ergina. Gooftaan si haa'eebbisu.

Gaaffiiwwan Kutaa 3ffaa
Barumsa 5ffaa

1. Namni fayyina argate fayyinni inni qabu attamitti jireenya isa irraa beekama (mul'ata)?

   _____

   _____

   _____

2. Humna jireenya qulqulla'aa akka jirraannu nu gargaaru eessaa arganna?

   _____

   _____

   _____

3. Ayyaana fi jaalala Waaqayyoo isa inni cubbamootaaf qopheesse yemmuu yaadannu lapheen keenya waa'ee maali irratti dadammaqa?

   _____

   _____

   _____

4. Deebi sirri ta'e filadhu,
   A. Jireenya qulqulla'aa isa guutuu ta'e kan jiraachuu danda'u amanaa qofaadha.
   B. Eenyumtllee jirrenya qulqulla'aa guutuu ta'e jiraachuu hindanda'u.
   C. Namoota muraasa taan qofti jirreenya qulqull'aa isa guutuu ta'e jirraachuu danda'u.
5. Deebii sirri ta'e agarsiisi- Hojii gaariin
   A. Nu fayyisa
   B. Kristoosirratti amantii qabnu irraa kan madduudha.
   C. Dheekamssa Waaqayyoo nuuf qabbaneessa
   D. Ulfina Waaqayyoo ta'a.
6. Hojii gara laafummaa namoota kristiyaanota hin ta'iinin hojjetamuun maaliifi hojii hafuuraa miti jenna?

   _____

   _____

   _____

7. Luqqisii kana xumur.
   Egaa si'achi kristoos isa ana keessaatu _____ fooniin jiraadhu immoo ilma Waaqayyoo isa na jaallate _____ nan jiraadha. Gal. 2:20

8. Hojii gaariin fayyina hin argamsiisu, garuu hojii gaariin hundinuu gatii qaba. (Dhugaa) ykn (Soba)

9. Eega hojii gaariin fayyina hin argamsiifne hojii gaarii raawwachuun maalif nu barbaachise?

   A. _____
   B. _____
   C. _____

Maqaa _____

Lakk _____

Teessoo _____

To'ataa _____